# Ergaa Phawuloos
# Gara Ximootewoosii Erge
# Ta Lammeesso'oo

## Seensa

Ergaan Phawuloos Ximootewoosiif barreesse ta lammeesso'oo tun, gorsa inni qarqaaraa isaa ka itti dhiyeennaan isa woliin hujatu, dargaggeessa Ximootewoosiif kenne ifi keessaa qaddi. Yaadi gorsa kanaa irra caalaa marroo ossaan jabaatiisatti. Phawuloos akka Ximootewoos marroo Yesuus Kiristoosii addatamaan dhugaa bayu, barsiisa dhuga'aa ka Oduu Gammadaatii fi Gondooroo Qaraa akka qabaatu, rakko'oo fi moromaan yoo itti guddattelle, barsiisiisaa fi hujii Oduu Gammadaa lallabiisatti akka jabaatu gorse.

Gorsi kun keessumattuu akka Ximootewoos moromaa gowwitti'ii fi bu'aa hin qanne irraa fagaatuuf kenname. Sababille wonni akkasii worra waan akkasii dhage'u balleessiti malee, womaa bu'aa hin qaddu.

Kana duudii keessatti Ximootewoos wonni qabatiisaa male, jiru'uu fi kaayoo leetoo Phawuloosii, keessumattuu dhugeeffannaa, ossata, jaalala, jajjabeenna isaatii fi miidhaa keessatti rakkoo isa dhaqqadde akka fakkeennaatitti hordofu'u.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Seensa*1:1-2*

Galataa fi gorsa*1:3—2:13*

Gorsaa fi ifi eeggannoo*2:14—4:5*

Akka Phawuloos ifiif keessa jiru*4:19-22*

## Yaada buufataa*4:19-22*

1 Ana Phawuloosii, waadaa jiru'uu ka Yesuus
Kiristoosiin kenname akka himuuf, fedha
Waaqaatiin ergamaa Yesuus Kiristoosii te'e irraa:
2 Ilma kiyya jaalatamaa Ximootewoosiif,

Waaqi Abbaan keennaa fi Goottaan keenna Yesuus Kiristoos badhaadha, mararti'ii fi nageya siif kennu.

### *Phawuloos Ximootewoos Jajjabeesse*

3 Ani yennaa maraa daadimata kiyya ka
halkanii fi guyya'aa keessatti yennaa si qaabadhu,
Waaqa akkuma abbootii tiyyaa wodanaa
qullu'uun tajaajilu hin galateeffadha.
4 Imimmaan teeti qaabataa, akka gammadaan
guutamu, si dhaggiisaaf guddoo barbaada.
5 Dhugeeffannaa dhuga'aa ta ati qaddu hin
qaabadha; dhugeeffannaa akkasii akkoon teeti
Lo'isii fi haati teeti Ewuniiqeen hin qabaniiyyu.
Akka atille qaddu hubadheera.
6 Tanaaf kennaa Waaqi yennaa ani harka kiyya
mataa keeti irra keye siif kenne, tuxxee akka gab-
bittu si qaabachiisa.
7 Ayyaanni Waaqi nu'uuf kenne ka hunnaa, ka
jaalalaatii fi ka ifi qabatu'uuti malee, Ayyaana
soda'aatii moti.
8 Yoona, hunna Waaqi siif kenneen, Oduu Gam-
madaatiif na woliin rakkadhu malee, Goottaa
keennaaf dhugaa bayuu yookiin marroo tiyya ka
ani Kiristoosiif jedhee hidhame hin fokkifatin.
9 Waaqi waan nuuti gooneef adoo hin te'in,
fedhaa fi badhaadha ifiitiin nu fayyisee akka kol-
baa isaa teenu nu waame. Badhaadhi kun bara

heddu'uun dura karaa Kiristoosiitiin nu'uuf kenname.
10 Amma ammoo karaa dhufiisa fayyisaa
keenna Yesuus Kiristoosii du'a balleessee, karaa Oduu Gammadaatiin jiru'uu fi badii irraa hafuu, gara ifaa fideetiin, nutti mudhifameera.
11 Ani Oduu Gammadaa tanaaf lallabaa,
ergama'aa fi barsiisaa te'ee filameera.
12 Ani tanaaf rakkatiisatti jira. Ammoo eennutti
akka dhugeeffadhe waan beekuuf isatti hin fokkifadhu; akkasuma waan maganne'een natti kenname, haga guyyaa sanii akka inni eeguu dande'u addadheera.
13 Barumsa fayyaalessa* akka fakkeennaatitti
hordofiisaaf na irraa baratte, dhugeeffanna'aa fi jaalala tokkummaa nuuti Yesuus Kiristoosiin qannu jabeessii qabadhu.
14 Waan dansaa maganne'een sitti kenname
san, hunna Ayyaana Woyyicha nu keessa jiruutiin eegi.
15 Worri biyya Asiya'aa keessa jiru duudiin, Fi-
igelosii fi Heromogenesis fa'alle akka na bagane hin beetta.
16 Oneesiforos yennaa hedduu waan na jaj-
jabeesseef, Goottaan maatii isaatiif mararuu ti. Inni ani waan hidhameef hin fokkifanne;
17 ammoo akkuma biyya Rooma'aa geyeen, asii
fi achi barbaadee na dhagge.
18 Guyyaa muumme'ee san Goottaan marartii
isaaf godhu. Biyya Efesooniititti attam akka inni naaf ergame atinuu akka dansaa beetta.

* **1:13** *Fayyaalessa:* Sirrii

# 2

*Loltuu Dansaa Yesuus Kiristoosii*

1 Ilma kiyya Ximootewoos, yoona badhaadha
Yesuus Kiristoosiin dhaggamutti jabaadhu.
2 Dhugaa baatota hedduu duratti waan na ir-
raa dhageette, namoota dhibii barsiisiisaaf worra
dandeettii qabu, worra addatama'atti magannee
kenni.
3 Akka loltuu dansaa Yesuus Kiristoosiititti,
rakkoo nu woliin fudhadhu.
4 Nami hujii loltumma'aatiin tajaajilu tokko,
ajajaa ifii gammachiisiisaaf mixiixxata malee, hu-
jii dhibi'iin ifi hin hidhu.
5 Akkasuma nami rukke'een doggomu tokko,
akka seeraatitti yoo doggome malee, badhaasa
injifanno'oo hin dhaggatu.
6 Qonnaan bulaan elowee huju qooda midhaan
sanii qara dhaggatuu qaba.
7 Goottaan waan duudi'iin hubantii waan sii
kennuuf, waan ani jedhu qalbeeffadhu.
8 Akkuma ani Oduu Gammadaa keessatti lal-
labe, Yesuus Kiristoosii du'a keessaa ka'e, ka
sanyii Daawitii keessaa dhalate, qaabadhu.
9 Ani Oduu Gammadaa waan lallabeef akka
yakkaamessaa hidhameelle rakkataa jira. Jechi
Waaqaa ammoo hin hidhamu.
10 Tanaaf, worri fooyame fayyinnaa fi ulfinna
bara baraa ka karaa Yesuus Kiristoosiitiin dhufu
akka dhaggatuuf jedhee waan duuchii hin os-
sadha.
11 Dubbiin,
«Isa woliin yoo duune,
isa wolille'een jiraanna.
12 Yoo ittuma ossine

isa woliin hin moona.
Yoo isa mormanne,
innille nu hin mormata.
13 Yoo nuuti addatamuu dhanne,
inni waan ifi hin mormanneef,
addatamee jiraata» jettu tun dhuga'a.

### *Hojjataa Waaqaan Fudhatama Qabu*

14 Waan kana isaan yaadachiis, akka jechoota
irratti wol hin mormine Waaqa duratti isaan
seeri. Wonni kun worra dhage'u balleessiti malee,
dansa'aa moti.
15 Ati akka hojjataa ilaallamee fudhatamee, ka
hujii ifiititti hin fokkifanne, ka dubbii dhugaa
Waaqaa sirri'itti barsiisuu, fuula Waaqaa duratti
ifi dhiyeessiisaaf jabaadhu.
16 Dubbii Waaqi ittiin hin ulfaannee fi marii
gowwittii, ta Waaqa irraa nama fageessitu irraa
fagaadhu.
17 Barsiisi akkasii akka madaa foon nyaattee
badhataa deentuu ti. Himnewoosii fi Filexoos
worra dubbii akkasii dubbatane keessa jiran.
18 Isaan karaa dhuga'aa lakkisanee,
du'aa ka'uun kanaan dura teeteerti jedhaa
dhugeeffannaa worra gari'ii balleessaaran.
19 Teetuu malee hundeen Waaqi keye hin
lellexxu; isii irratti, «Goottaan worra isaa ka te'e
hin beeka», ammalle «Nami maqaa Gootta'aa
waamu duudiin hammeenna irraa deebi'uu ti» ta
jettu barreeffanteerti.
20 Mana guddaa tokko keessa mey worqii irraa
yookiin meetii irraa hujame callaa adoo hin te'in,
mey muka irraa yookiin faara irraa hujame hin

**2:12** Mat. 10:33; Luq. 12:9

jiraata; mey kun gariin ulfinnaaf, kuun ammoo tajaajila ulfinna hin qanneef te'a.
21 Yoona worri waan hantuu duudii irraa ifi
qulleessu, waan ulfinnaatiif te'a; sababille isaan fooyamanee, Goottaa isaaniitiif ka bu'aa qabanu waan te'aneef, hujii dansaa duudi'iif qophowaneeran.
22 Halchaa badduu dargaggumma'aa irraa
baqadhu; worra gadhaa qullu'uun Goottaa waammatu woliin balchummaa, dhugeeffannaa, jaalalaa fi nageya hordof.
23 Moromaan gowwittiin bu'aa hin qanne lola
akka fiddu waan beettuuf, irraa ifi eegadhu.
24 Tajaajilaan Gootta'aa ka lolu te'uu hin qabu.
Inni nama duudi'iif arjaa, dansa'aa fi barsiisaa ossataa te'uu qaba.
25 Worra isa mormulle gadhi-laafinnaan gor-
suu qaba. Akka isaan cubbuu irraa deebi'anee dhugaa beekanu, Waaqi carraa isaanii hin kenna fa te'a.
26 Yoo san isaan qalbii ifiititti deebi'anee, tiyyoo
Seexanaa ta isaan qaddee fedha isaatiif akka ajajamanu goote jalaa hin bayan.

# 3

### *Hantuu Guyyaa Muumme'ee*

1 Guyyoota muumme'eetitti yennaan rakkittu
akka dhuttu beeki.
2 Namooti ka mataa ifii jaalatanu, ka beesee
jaalatanu, ka ifi saadanu, kijiboota, ka nama arrassanu, ka worra ifiitiif hin ajajanne, ka galata hin qanne, ka woyyummaa hin qanne,

3 ka jaalala hin qanne, ka hin araaranne, ka
maqaa namaa balleessanu, ka ifi hin qabanne, ka
gadhaa jabaatanu, ka waan dansaa jibbanu,
4 ka dabarsanee nama kennanu, jajjartoota, ka
ana malee jedhanu te'an; isaan Waaqa caalaa
gammada jaalatan;
5 isaan dhugeeffannaa waan qabanu fakkaatan,
ammoo hunna isi'ii mormataneeran. Worra
akkasii irraa ifi eegadhu.
6 Isaan keessaa gariin gara mana namaa
dhaqaa, dubartoota dadhadduu ta cubbuun
irratti tuulantee, halchaa gara garaatiin asii fi
achi oofantu, hin qabatan.
7 Dubartiin akkasii yennaa mara hin baratti,
ammoo ijjumaayyuu dhugaa beekiisa bira hin
geettu.
8 Akkuma Yaaneesii fi Yaamberes Muuse'een
mormane, kolbaan qalbii isi'ii baddee fi dhugeef-
fannaa irraa jidde tun dubbii dhuga'aa mormiti.
9 Gowwummaan Yaaneesiitii fi Yaamberesii,
nama duudi'itti akkuma beekkante, ta isaaniille
nama duudi'itti waan beekkantuuf isaan ur hin
geyanu.

### *Gorsa Phawuloos Ximootewoosiif Kenne*

10 Ati ammoo barsiisa kiyya, adaba kiyya,
akeeka jiruu tiyyaa, dhugeeffannaa tiyya, ossata
kiyya, jaalala kiyya, fi ciniinnadhee ossatuu kiyya
hin beetta.
11 Miidha'aa fi rakkoo tiyya, ta Anxokiya'atti,
Iqoniiyumii fi Lisxira'atti na dhaqqadde mara os-
satuu kiyya hin beetta. Goottaan ammoo san
duudii jalaa na hambure.

---

**3:11** HuE. 13:14-52; 14:1-7,8-20

12 Akkasuma nami karaa Yesuus Kiristoosiitiin
nama Waaqaa te'ee le'uu fedhu duudiin hin miid-
hama.
13 Worri hama'aa fi malaan nyaattuun worra
dhibii dokonkorsaa ifille'eef dokonkoraa, ham-
meenna irraa gara hammeennaa ittuma deeman.
14 Ati ammoo waan barattee jabeessitee itti
dhugeeffatte, eennuu fa'a irraa akka baratte
waan beettuuf itti jabaadhu.
15 Ati Barreeffama Woyyicha, qarooma Yesuus
Kiristoositti dhugeeffatiisaan fayyinni ittiin
dhaggamu si'iif kenniisa dande'u ijoollummaa
teetiin jalqaddee beetteerta.
16 Barreeffam Woyyichi duudiin qajeelfama
Ayyaana Waaqaatiin waan barreeffameef,
dhugaa barsiisiisaaf, worra dokonkore
xixiisaaf, balleessaa sirreessiisaa fi karaa
balchumma'aatitti qajeelchiisaaf bu'aa qabeessa.
17 Nami Waaqaa hujii dansaa maraaf ka dan-
deettii qabu te'ee, ka hidhatee qophowe akka te'u
godha.

# 4

1 Waaqaa fi Yesuus Kiristoosii worra jiruu fi
worra du'elle'etti muru'uuf jiru duratti, deebi'ee
dhufiisaa fi mootummaa isaa yaadataa jabeessee
si gorsa.
2 Jecha Waaqaa lallabi; yennaan toltulle, toluu
dhabaattulle qophow; ossa gudda'aan namoota
balleessanu sirreessaa, xixaa, jajjabeessaa barsi-
isi.
3 Yennaan namooti barsiisa sirrii te'e dhage'uu
jibbanu hin dhutti; isaan barsiisota hedduu ta

akka fedhii isaaniititti, waan gurra isaaniitiif tolu
isaan barsiittu wolitti raratan.
4 Isaan dubbii dhuga'aa dhage'uu didanee,
gurra ifii gara oduu durii deebifatan.
5 Ati ammoo haala mara keessatti ititi; rakkoo
ossadhu; hujii lallaba Oduu Gammadaa huji; hujii
itti ergante mara muummessi.
6 Ani akka dhibaayyu'uu dhibaafamuu geyeera;
yennaan ani du'u geetteerti.
7 Ani akka dansaa wodhaantoo qabadheera;
doggommii tiyya fixadheera; dhugeeffannaa
tiyyalle eegadheera.
8 Yoona ammaa achi badhaas balchumma'aa
naaf qophoweera; badhaasa kana guyyaa san
Goottaan balchichi naaf hin kenna; ana qofaaf
adoo hin te'in, worra deebi'ee mudhinnaan dhufa
isaa dharra'aan eegatu duudi'iif hin kenna.

### *Yaadachiisa Phawuloosii*

9 Ariiti'iin akka teete te'ii koy.
10 Sababille Deemaas biyya lafaa tana jaalatee,
na lakkisee gara qachaa Tasalonqe'ee dhaqeera.
Kiresqes biyya Galaatiya'aa, Tiitoos ammoo biyya
Dalmaatiya'aa dhaqeera.
11 Luqaas qofattuu na bira jira. Maarqoos
huji'iin waan ana qarqaaruu dande'uuf, yennaa
dhuttu isa fidii koy.
12 Xikiqoos ammoo gara qachaa Efesoonii
ergeera.
13 Yennaa dhuttu gorfa ani Kaarphoos biratti
Xiro'aasitti lakkise, kitaabota maramaalle,

**4:10** Qol. 4:14; Film. 24; 2 Qor. 8:23; Gal. 2:3; Tit. 1:4 **4:11** Qol. 4:14; Film. 24; HuE. 12:12; 25; 13:13; 15:37-39; Qol. 4:10 **4:12** HuE. 20:6

keessattuu ka gogaa duugama'aan hujame naaf fidi.
14 Iskindiriin sibiila tumu akka malee na miidhe; Goottaan akkuma hujii isaatitti isaaf hin kenna.
15 Inni dubbii teenna jabeessee waan mormeef, atille isa irraa ifi eegadhu.
16 Ani waan itti himatameef yennaa ani guyyaa qaraa dhiyaadhee falmadhe, duudiinuu na lakkisane malee, nami tokkolle na qarqaariisaaf hin dhunne. Tun isaanitti hin laakkowamin!
17 Ammoo ergaan isaa guutuun karaa kiyyaan lallabantee worri Yihudoota hin te'in duudiin akka dhage'anu, Waaqi cinaa tiyya dhaabbatee hunna naaf kenne. Afaan neenqaa irralle'ee na hambure.
18 Goottaan hammeenna hamaa duudii jalaa na baasee, gara mootummaa ol-gubba'aa nageyaan na hin geessa. Ulfinni baraa haga bara baraa isaaf te'u! Ameen.

### *Nageya Muumme'ee*

19 Phirisqiilaa, Aqiila'aa fi worra mana oneesiforosiititti nageya naa himi.
20 Eraasxoos Qorontoositti hafe; Xirofimoosille waan dhibameeruuf ani qachaa Miilexoosiititti isa lakkise.
21 Adoo ganni hin dhufin akka teete te'ii koy.
Yubuloos, Phudenis, Liinos, Kilaawudiiya'aa fi dhugeeffattooti* dhibiille nageya sii dhaamaneeran.

---

**4:14** 1 Xim. 1:20; Rom. 2:6 **4:19** HuE. 18:2; 2 Xim. 1:16-17 **4:20** HuE. 19:22; Rom. 16:23; HuE. 20:4; 21:29 * **4:21** *Dhugeeffattooti:* Kitaab Giriikii obboleeyyan jedha

22 Goottaan ayyaana keeti woliin jiraatu.
Badhaadhi Waaqaa isin woliin jiraatu.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

You include the above copyright and source information.

If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.

If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e